50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001
DX 210081

**OFFICIAL**

Jiraataa
27 King Street
PRAHRAN

Kabajamoo jiraatoo

Gamoo keessan 27 Kiing Stiriit, Praanitti argamu i laalchisee odeeffannoo barbaachisaa isinii qooduufin barreessaa jira.

Bara 2023tti Mootummaan Viktooriyaa jiraattota ammaa fi gara fuula duraatiif mana fooyya'aa, nageenya qabuu fi mijataa ta'e argamsiisuuf gamoolee olka'oo manneen hawaasummaa durii 44 irra deebiin misoomsuu isaa beeksiseera.

Gamoon keessan 27 Kiing Stiriit qaama deebisanii misoomsuu itti aanee dhufuuti. Kana jechuun, jiraattota gamoo keessan keessaa gara manneen haaraa isaaniif tahanitti jijjiramaan ni gargaarra jechuudha.

Jijjirraa keessan karoorfachuu irratti yeroo gahaa ni qabaanna. Waxabajjii irraa eegalee, hojjetaan of kennaan deemsa deebisanii qubsiisuu irratti isin gargaaru waa'ee godaansa mana haarayatti gootan irratti isin waliin dubbachuu eegala. **Adoolessa 2026 fi Guraandhala 2028 gidduutti,** mana fedhii keessan guutu barbaaduurratti walitti dhiheenyaan isin waliin ni hojjenna.

Yoo itti dhihaattanii turuu barbaaddan, manneen haaraa Sayman Stiriit, Sawuz Yaaraa irratti ijaaramaa jiran ilaaluu dandeessu. Manneen kun dhuma wagga kana irratti kan xumuraman yoo tahu kiraas akkuma amma jirutti itti fufa.


*Hawannoo artistii manneen haaraa Kibba Yaaraa keessaa*

Nageenya fooyya'aa, kutaa dhiqannaa dhaqqabamaa, to'attuu qilleensaa fi hoo'istuu, akkasumas barandaa fi bakka miiccaa dhuunfaa ni qabaatu.

Jiraattonni gariin ollaa maatii, hiriyootaa yookiis bakkoota tajaajila gaarii qubachuu barbaaduu malu. Meelboorn fi Viktooriyaa guutuu keessa manneen hawaasaa fedhii keessan guutan ni jiru.

## Itti aanee maaltu akka tahu

Amma homaayyuu gochuun sin barbaachisu. Guraandhala keessa, gaaffii gabaabduutiin isiniif barreessina. Adeemsi jijjiirraa idilee ji'a Adoolessaa keessa osoo hin jalqabin dura, maaltu isiniif barbaachisaa akka ta'eefi odeeffannoo fi deeggarsa akkamii akka barbaaddan hubachuu barbaanna. Dafnee isin mariisisuu barbaanna, kanaaf gosoota manaa fi walitti dhufeenyi tajaajila fayyaa fi hawaasaa maal akka barbaachisu hubachuu dandeenya, akkasumas jiraattonni gariin ollaa isaanii waliin gara mana jireenyaa walitti dhihoo ta'etti ce'uu yoo barbaadan hubachuu dandeenya.

## Wantoota gaarii yaadatamuu qaban

**Mirgoonni fi qindaa'inni kiraa keessanni walfakkaataadhuma taha.** Mana haaraa keessan keessatti, akkaataa Seera Kiraa Mana jireenyaa tiin mirgaa fi eegumsa walfakkaataa hunda ni qabaattu. Gargaarsa Kiraa Waliinii argachuufis ulaagaa guutuu akka dandeessan beeksisuudhaan, Kiraan keessan haala amma jiruun kan itti fufu ta'a.

**Deeggarsa dhuunfaa.** Adeemsa deebisanii qubsiisuu keessatti, hojjetaa of kennaa isin gargaaru ni qabaattu. Walgahii nu waliin qabdan kamiyyuu irratti miseensa maatii, hiriyaa ykn gorsaa yoo barbaaddan nutti himuu dandeessu. Yoo turjumaana barbaaddan isiniif qopheessuu dandeenya.

**Gargaarsa godaansa keessan irratti.** Ogeeyyii buqqaatii ni qindeessina, qunnamtii akka bilbila, interneetii fi poostaa kallattii biraatti jijjiiruu ni qopheessina akkasumas baasii sochii madaalawaa hunda ni kaffalla.

## Koottaa nu waliin mari'adhaa

Torban kanaa fi ji'oota dhufan keessatti, gaaffii qabdan kamiyyuu deebisuuf kutaa hawaasaa keessan ni daawwanna. Guyyootaa fi sa'aatii laalchisee dhaamsa kutaa hawaasaa keessatti argamu hordofaa. Shaayii fi bunni ni dhihaata.

Yoo dhufuu hin dandeenye, ammallee nu qunnamuu dandeessu:

- homes.vic.gov.au daawwadhaa
- sarara deeggarsa keenya 1800 716 866 irratti bilbilaa
- Waajjira manneenii ganda keessanii waliin mari'adhaa.

Kabajaa wajjin

**Simon Newport**
Hojii Gaggeessaa Olaanaa
Hooms Viktooriyaa

28/01/2026